Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Geggeessitooti Mana Qulqullummaa Yasuusiin Daawwachuu

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: M. Maillot, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus
ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Guyyaa tokko yeroo Yasuus gara mana qulqullummaa deemu, namooti utuu isaan mana qulqullummaa Waaqayyoo salphisaa jiranii arge. Mana qulqullummaa keessatti bittaa fi gurgurtaa bushaayee fi mi'oota garagaraa geggeessaa turan.

Finyoo isaan ittiin hidhamanii jiran cicciruun warra bittaa fi gurgurtaa geggeessaa jitan haree mana qulqullummaa keessaa baase. "Kana as keessaa baasaa" jechuun isaan ajaje. "Mana abbaa koo mana daldalaa hin gootan." Yasuus mana abbaa isaa in jaalata.





Yasuus mana qulqullummaa qulqulleessuuf mirga akka qabu geggeessitooti mana qulqullummaa mallatto agarsiisuun gaafatan.



"Mana qulqullummaa kana balleessaa ani guyyoota sadii gidduuttan deebisee dhaabaa" jechuun Yesuus deebiseef. Hin danda'amu! Mana qulqullummaa ijaaruun waggoota afrutamii ja'a fudhata.

Yasuu akka mana qulqullummaatti waa'ee qaama isaa dubbata. Qaamin dhaqina isaa bakka bulmaata Waaqayyooti. Yasuu fannoo irratti du'ee gaafa guyyaa sadaffaa Waaqayyo du'aa akka isa kaasu dubbate.



Galagala geggeessitoota mana qulqullummaa keessaa namin tokko Yasuusiin daawwate. Dinqiiin Waaqa biraa karaa Yasuus akka ta'u in beeka. Niqoodimoos Yasuus irraa waa'ee Waaqayyoo caalmaatti barachuuf gara Yasuus dhufe.

Namooti mootummaa Waaqayyootti galuuf lammaffaa dhalachuu akka qaban Yasuus Niqoodimoositti hime. Niqoodimoos hubachuu hin dandeenye. Akkamitti namin lammaffa dabalaaan inni nama amantiiti. Kun ga'aadhaa?

"Kan hafuurattii dhalate hafuura" jechuun Yasuus ibse. "Haafuurri Waaqayyoo akka qilleensaati. Namooti qilleensa hin argan hin hubatanis. Waan qilleensi godhu qofa argu."



Waggaa dheeraa dura himata
ijoolleen Israa'el Musee irratti qaban
Yasuus Niqoodimoosiin yaadachiise.
"Soorata hin qabnu, bishaan hin qabnu,
daabboo Waaqayyo laateef jibbuun" boo'an.

Cubbuun namoota Waaqayyoon aarse. Waaqayyo bofa saafaa jawwee gurguddaa, bineensota lafa irra lo'an itti erge. Bofi saafaa namoota hiddee baayyeensaanii in fixe.



"Nuti cubbuu qabna. Waaqayyoon kadhachuun keenya bofa saafaa jawwee gurguddaa, bofa bineensota lafarra lo'an nurraa kaasa." Namooti in kadhatan. Museen isaaniif kadhate. Garuu Waaqayyo balaa itti bu'e irraa hin kaafine.


Bofa saafaa tolchee utubaatti akka fannisuuf Waaqayyo Museetti hime. "Namin hiddaman bofa saafaa utubaatti jiru yoo ilaaltan in ooltu," jechuun Waaqayyo waadaa gale. Museen bofa saafaa sibiila (naasii) irraa hojjetee fannies warri gara isa fannifamee jiruu ilaaln hin fayyan.

Akka bofa saafaa
sibiila irraa hojjetamee
fannifameetti ilmi namaa
akka fannifamu Yasuus
Niqoodimoositti hime.
Yasuu isa cubbuu
namootaaf jedhee
fannoo irratti du'u
itti dubbate.

"Waaqayyo jaalala biyya
lafaaf qabuuf jecha tokkicha
ilama isaa dabarsee kenne"
jedhe Yasuus, "kan
isatti amane hin
du'u jireenya bara-
baraa argata."

Kana jechuun kan
Yasuusitti amane maatii
Waaqayyottii dhalate.

Galagala sanatti Niqoodimoos miseensa duuka buutuu Yasuus miti ta'a. Garuu waggaa booda, Niqoodimoos Yasuusiin jaalachuun itti amane ilma Waaqaa fannoo irratti du'e awwaaluu gargaare.

Kana booda, Yasuusii fi duuka buutoti isaa gara kaabaatti imalan.

Geggeessitooti Mana Qulqullummaa
Yasuusiin Daawwachuu

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Yohaannis 2-3, Lakka 21

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16